



DHIHEESSI NAANNOO NAMOOTAA
KUNUUNSA DHIISANIIF

Waa'ee kunuunsa dhiisuu
gaafiiwwan qabdan gaafadhaa



SCAN ME

Wnterlocdouncet

kunuunsa dhiisuun nama sodaachisa akkasuma immoo yeroo gammachuuti; gargaarsa fi deeggarsa yoo argattan waan itti aanee uumamuu beekuun, eenyu akka isin gargaaruu fi maaliitti akka ramadamtan beekuun barbaachisa.

Kitaabni harkaa kun jijjiirama jireenyaa keessan guddaa gara ga'eessummaa yoo darbitan karaa sirrii akka argattan Dursa Daa'immanii Slough(Slough Children First, SCF) dhaan qophaa'e.

Gargaarsa qabatamaa bakka jireenyaa fi nyaata, barnoota, leenjii fi hojii, dhimmoota maallaqaa, fayyaa fi ogummaa jireenyaa biroo barbaachisan yoo qophaa ba'uuf qophooftan isin barbaachisu irratti odeeffannoo isiniif kennuun yaaddoo kunuunsa dhiisuu ilaalchisee isin muudatu kamiyyuu irratti akka isin gargaaru abdii qabna. Akkasumas gorsaa fi deeggarsa SCF ala ta'eef kallattii sirrii isinitti agarsiisa, dabalataan akkamitti akka dhaggeeffatamuu fi waan ta'an irratti yaada akka qabaattan mirkaneeffachuu dandeessu.

Odeeffannoon dabalataa marsariitii keenya irratti, www.sloughchildrenfirst.co.uk kutaa 'Daa'immanii fi dargaggoota' jalatti argama.





Qabiyyeewwan

Seensa dhiyeessa tajaajila naannoo 4

Seeraa fi dambiiwwan barbaachisoo 5

Garee kee..... 7

Karoora Imala Kee 9

Dhimmoota maallaqaa 10

Mana kee..... 14

Fayyaa kee..... 17

Barnoota, hojii fi leenjii 21

Dokumantiiwwan barbaachisoo 24

Carraawwan bashannanaa 26

Sagalee kee, mirga fi hirmaannaa 27

Quunnamtiiwwan faayidaa qaban 30

Seensa dhiheessi naannoo

Ga'eessa ta'uun jireenya keessan keessatti jijjiirama guddaa fi yeroo barbaachisa akka ta'e ni hubanna. Kanaafuu nuti adeemsa keesssan gara of danda'utti jiru itti gargaaramuu keessan mirkaneeffachuu barbaadna.

Gargaarsi Dursa Daa'immanii Slough(SCF) fi dhaabbilee birootiin dhihaate waluma galatti maatii gamtooman jedhamu akkasuma nutis maatii keessan gamtooman.

Maatiin gamtooman walumaa galatti itti gaafatamummaan keenya carraawwan jireenya keessan guutan hundaa, akkuma maatii gaariin daa'ima isaanitti godhan isinii dhiyaachuu isa mirkaneeffachuudha. Akkasumas kunuunsa keenya erga gadhiistanii booda isin gargaaruu fi deeggaruun itti gaafatamummaa keenya.

Dhiheessin kun deeggarsa fi tajaajiloota aangoo seeraa Slough jalatti nama kunuunsa jala osoo hin ba'in, ba'aa jirtu fi erga baate booda bal'inaan of keessatti qabata.

Dhiheessin kun kunuunsa jala yeroo jirtan ykn kunuunsa jala erga baatanii booda waa'ee tajaajiloota isiniif argamaniif fi fudhachuuf maal akka egdan odeeffannoo waliin isinii laata.



Waan seera qabeessa

Aango'onni naannoo hundi daa'imman kunuunsa jala jiraanii fi kunuunsa jalaa ba'an gargaaru itti gaafatamummaa seeraa qabu, kanaafuu akkasumas tajaajilaa maalii fudhachuu akka eegdan beekuu keessan mirkaneeffachuu qabdu.

Seerri namoota kunuusa dhiisan/ dargaggoota muuxannoo kunuunsa qaban ibsuuf bakka afuritti qoode. Himoonni armaan gadii kunnin isiniif maal jechuu akka ta'aniidha.

1. Isin dargaggoo **ULAAGAA** muuxannoo kunuusa qabu yoo:

- Umriin keessan waggaa 16 ykn 17 yoo ta'e, fi
- Yeroo amma kana dargaggoo kunuusa jala jiru taate, fi
- Torbeewwan 13 erga 14 keessanii fi erga waggaa 16 ykn 17 taatanii booda yoo xiqqaate guyyaa 1 dargaggoodhaa kunuunsa gochaa yoo turtan.

Mee Hubadhaa: Daa'ima kunuunfama turtee fi Ajaja Kunuunsaa jala kan jirtu yoo ta'e, garuu gara mana warratti ykn nama itti gaafatamummaa warraa qabutti yoo deebite, kunuunfamuun itti fufa akkasumas fi ulaagaa qabda.

2. Isin dargaggoo **BARBAACHISAA** muuxannoo kunuusa qabu yoo:

- kana booda Bulchiinsa Naannootiin hin kunuunfamtan garuu
- ULAAGAA ni guuttu, akkasumas
- Amma Umriin keessan waggaa 16 ykn 17 ta'e.

3. Isin dargaggoo **BARBAACHISAA DURANII** muuxannoo kunuusa qabu yoo:

- Umriin keessan waggaa 18 ykn 21 giddu yoo ta'e, fi
- Umriin keessan waggaa 18 dura ati dargageessa BARBAACHISAA dha, ykn
- Battala kunuunsa argachuu osoo hin dhiisin dargaggoo ULAAGAA guuttuu yoo turtan
- Waggaan keessan waggaa 21 ykn osoo waggaa 25 hin guutin barnoota fi leenjii yoo itti fuftan, ykn
- Waggaan keessan waggaa 21 ykn osoo waggaa 25 hiin guutin barnoota fi leenjii eegaluu yoo barbaaddan, ykn
- Waggaan keessan waggaa 21 ykn osoo waggaa 25 hin guutin deeggarsa fudhachuu itti fufuu yoo barbaddan.

Mee Hubadhaa: Ajaja Kunuunsaa jala yoo hin jirree fi ji'a jahaa fi isaa oliif gara mana warra ykn nama itti gaafatamummaa warraa qabutti yoo deebitan haala barbaachisaa keessan ni dhabdu. Qophiin kun umriin keessan osoo 18 hin guutin yoo diigamee fi warra keessan waliin jiraachuu yoo dhiifan, sana booda akka daa'ima barbaachisaatti ilaalamtu

Waan seera qabeessa

4. Isin dargaggoo **Gahuumsa** muuxannoo kunuusa qabu yoo:

- Yoo xinnaate waggaa 16 garuu waggaa 21 gadi ta'uu fi
- Dargaggoonni Ajaja Eegumsa Addaa akka argataniif yeroo waggaa 18 geessan dirqma ture kunuunsa gocha turtan ykn
- Yoo yeroo kamiyyuu (garuu walumaa galatti torban 13 gaditti) erga waggaa 16 geesse booda ammallee dargaggeessa kunuunfamu turte garuu kana booda kunuunsa keessa hin jirtu yoo ta'e ykn
- Dhuunfaan kan guddifamtee fi gargaarsa akka barbaaddu yoo adda baate.

Akka dargaggeessa gahumsa qabuutti, umriin kee waggaa 18 gadi, ykn Gorsaa dargaggoota Tajaajila Kunuunsa dhiisanii waggaa 18+ yoo ta'e, marii hojjetaa hawaasummaa kee waliin irratti hundaa'uun gorsaa fi gargaarsa argachuu dandeessa.

Akkasumas eerri dargaggoota barbaachisoo duraanii umriin isaanii waggaa 21 fi waggaa 25 gadi tajaajila argachuu akka barbaadan Bulchiinsa Naannootti beeksisaniin walqabatee deeggarsa akka kennan bulchiinsi naannoo hunda irratti dirqama kaa'ee jira.

Mirgoonni isin qabdan haala seeraa keessan irratti hundaa'a, kanaafuu kana hubaachuun barbaachisaadha.

Hojjataan hawaasummaa keessan ykn gorsaan dargaggootaa waan hundumaa isiniif ibsu akkasumas deeggarsa fi gargaarsa akkamii argachuu akka dandeessan akka hubattan isin gargaaru.

Chaartarii Namoota kunuunsa dhiisanii

Ofii keessaniin akka boontaanii fi amantaa dhuunfaa keessan akka kabajjan isin gargaarra.

Eenyumma keessan akka argatanii fi eenyummaa keessan adda ta'en akka boontan isin deeggarra. Amantaa fi gatii dhuunfaa keessanii akka guddifattan akkasumas hambaa fi aadaa keessan akka fudhattan isin gargaarra.

Odeeffannoo dabalataa waa'ee chaartarii kunuunsa dhiisuu argachuuf, mee

<https://www.sloughchildrenfirst.co.uk/care-leaver-local-offer/care-leavers-charter/> daawwadhu

TYohuerletegaml bit

Gareen SCF 'n Daa'imman Kunuunfamarii fi kunuunsa dhiisanii caalatti of dandeessanii akka jiraattan isin gargaaruuf as jiru.

Nuti kan argamnu:

Dursa Daa'immanii Slough

Mana Qalbeeffannaa

Karaa 25 Windsor

Slough

SL1 2EL

Lakkoofsa Bilbilaa Hojii irratti nu qunnamuu ni dandeessu: 01753 476729.

Sa'aatii 5pm booda ykn sanbattan ykn guyyoota ayyaanaa gargaarsa yoo barbaaddan Lakkoofsa Bilbilaa Hatattamaa (EDT) irratti nuuf bilbiluu ni dandeessu: 01344 351999.

Hiriyyoota keenya, Garee namoota Kunuunsa dhiisan keenya dhaabbilee biroo waliin hojjachuun kan isin fayyadu:

- Karoora gara fuulduraa baasuuf
- Iddoo jireenya mijaata fi nagaa ta'e qabaachuuf
- Fayyaa fi qaama keessan eeguuf, akkasumas nagaa akka isinitti dhagahamuu
- Ittin jiraachuuf maallaqa gaha qabaachuu keessan mirkaneeffadha
- Baruumsa irra turuuf
- Sagantaa leenjii fi hojii barbaaddan argachuu
- Namoota isiniif barbaachisoo ta'an waliin turuu
- Rakkoowwan muudatan irratti hojjachuuf furmaata laachuu
- Waa'ee mirgoota keessanii argachuu

Gorsaa Dargaggoo

Wagaa 16 yoo geessan, kunuunfamuu akka dhiistanii fi isin waliin hariiroo akka guddisaniif Gorsaan dargaggoo(YPA) isniif ramadama.

Hariiroon keessan isaan waliin qabdan barbaachisaadha. Hanguma hariiroon keessan gaarii ta'e, caalatti YPA irraa fayyadamaa taatu akkasumas qunnamtiiwwan hangamii akka barbaaddaniif fi walarguun keessan barbaachisaadha.

Yoo xiqqaate, waggaa 18 osoo hin gahiin ji'a 3 tti altokko isin ilaalu. Ilaalun kunis waliigaltee keessan waliin qophaa'a.

Karaa biraatinis isin qunnamuu ni dandeenya - gorsitoonni hunduu imeelii fi lakkoofsa bilbilaa ni qabu. Gorsaa qunnamuu yoo hin dandeenye ta'e, lakkoofsa bilbilaa hojii irratti bilbilaa. Erga waggaa 18 darbitanii booda, Hojjataa hawaasummaa hin qabaattan, kanaafuu YPA 'n keessan hanga waggaa 25 geessanitti hojjata deeggarsa keessan ijoodha.

YPA 'n keessan:

- Ilaalcha fi yaadota waa'ee jireenya keessanii dhageeffachuun karoora adeemsa gara fuulduraatiif akka itti fayyadamtan isin gargaaru
- Karoora keessan gara fuuldura gara hojiitti hikuu isinii fi namoota biroo waliin ni hojatu
- Walgahii ji'a jaha jahan marii xinxala turtii keessan bara darbe kunuunsa jala turte irratti ni hirmaatu
- Erga kunuunsa dhiistanii booda karoora adeemsa ji'a jaha jahan jiru ni qindeessu
- Fayyaa keessan akka eeggattan isin gargaaru
- Barnoota keessan irratti hanga dandeessan akka deemtan isin jajjabeessu akkasumas isin gargaaru
- Hojii, ogummaa fi leenjii keessan irratti gorsaa fi qajeelfama argachuu keessan mirkaneeffadha
- Of dandeessanii akka jiraattaniif dandeettii fi beekumsa keessan akka guddistan isin gargaaru
- Maatii keessan waliin akka walqunnamtan isin gargaaru
- Iddoo jireenya mijaatu akka argattan isin gargaaru

Karoorri adeemsa keessanii karoora keessan gara fuuldura ni baasa. Sanadni kun kan keessan akkasumas ilaalchi fi kaka'umsi keessan giddu galeessa isaa ta'uu qaba!

Akkuma umriin keessan 16 tti siqaa deemun, hojjatan keessan hawaasummaa dandeettii, gahuumsa fi fedhii keessan ammaa fi gara fuulduraa gabaasa qopheessuu fi guutuuf isin waliin hojjatu. Itti aansuun karoora adeemsa keessanii qopheessuuf waliin hojjattu.



Karoora adeemsa keessanii

Karoorri Adeemsaa keessanii wantoota jireenya keessan keessatti ofi keessanii barbaaddan galmaan ga'uuf akkamitti akka deeggaramtan, fi eenyu akka gargaarsa barbaachisu isinii kennuu kaa'a.

Karoorri Adeemsaa keessan isinii maaltu barbaachisaa akka ta'e, fi gara fuulduraatti maal galmaan gahuu akka barbaaddan sirritti kaa'uun barbaachisaa dha. Kana gochuuf Hojjetaan Hawaasummaa/Gorsaan Dargaggoo keessan warra keessan ykn kunuunsitoota keessanii fi namoota jireenya keessan keessatti barbaachisoo ta'an biroo waliin ni haasa'u - namoonni barbaachisoo ta'an eenyu akka ta'anis itti himuu qabdu.

Karoorri Adeemsaa keessan sanada 'live' ti, akkasumas akkuma kaka'umsi keessan guddatuu fi jijjiiramuun Karoora irratti dabaluu ykn fooyyessuuf ji'a 6 tti gamaaggama qabaachuu itti fufu.

Hojjetaan Hawaasummaa ykn YPA keessan isin waliin wal arguu fi Karoora Adeemsaa gamaaggamuu itti fufu.

Erga waggaa 16 guuttee booda kunuunsa keessa yoo turtu, gamaaggama dura taa'aa Qondaala Gamaaggamaa Walaba (IRO) tiin durfamu ilaalamuu itti fufta.

Karoorri Adeemsaa Karoora Kunuunsaa bakka bu'a, akkasumas kunis Daa'ima Gamaggama Boodaa ilaalaman siidaa keessan jalatti ni gamaggamamu.

Kutaaleen Karoora Adeemsaa keessanii kanneen gamaaggama irratti qoodun hin barbaanne yoo jiraatan, waan irratti mari'achuun hin barbaachifne Hojjetaa Hawaasummaa keessan waliin walii galuu ni dandeessu.

Isin daa'imman waggaa 16 fi 17 lakkoofsan xiqqaa ta'anii kanneen kunuunsa keessa turuu dhiisuu filatanii keessaa tokko yoo taatan sana booda Hojjetaan Hawaasummaa yeroo hunda isin daawwachuu itti fufa akkasumas ji'a jaha jahan Karoora Adeemsaa isin waliin ni gamaggamu, kunis yoo torban 13 fi isaa ol kunuunsa keessa turtan ta'edha. Yoo torban 13 gadi kunuunsa keessa turtan ta'e, Dargaggoo Muuxannoo Kunuunsa Ulaagaa qabuu fi karoora madaallii fi deeggarsa argachuuf ulaagaa guutuu qabu taatu.

Karoorri Adeemsaa akkuma ga'eessummaatti dhiyaattanii fi haalli keessan jijjiiramu ni guddata akkasumas ni jijjiirama.

Yeroo umriin keessan waggaa 18 gahu kana booda hin kunuunfamtan garuu YPA keessan isinin waliin wal arguu fi Karoora Adeemsa keessan irratti hojjechuu itti fufu. Kunis yeroo dargaggoo ga'eessa taatellee karoorri si deeggaru akka kaa'amu ni taasisa.

Umrii waggaa 21tti, Karoora Adeemsaa keessan gamaggamnee deeggarsa barbaaduu itti fufuu fi dhiisuu keessan murteessina.

Yoo kana hin goone, yoo xiqqaate waggaatti al tokko isin qunnamuu itti fufna. Yoo akkas gootan, hanga guyyaa dhaloota keessan waggaa 25ffaatti wantoota deeggarsa isin barbaadaniin isin deeggaruu itti fufna.

Dhimmoota maallaqaa

• Deeggarsa faaynansii umriin isaanii waggaa 16-17 tiif

Durgoo jireenyaa fi qusannoowwan

Umrii kanaatti liiqii Waliigalaa fudhachuu waan hin dandeenyeef, SCF baasiwwan jireenyaa, manaa fi nyaataa isin deeggara.

Mana guddistuu ykn mana jireenyaa daa'immanii keessa jirtu yoo ta'e, waliigaltee waa'ee maallaqa kiisii keessanii akka qaama karoora adeemsa keessanitti irratti waliigalama ture. Koroorri adeemsa keessan ji'a 6 'n ni gamaggamama.

Guddiftuu keessan ykn manni jireenyaa daa'immanii keessanis torbanitti £10 herrega qusannaa "Junior ISA" ykn "Child Trust Fund" tti ni qusatu, kunis waggaa tokko kunuunsa keessa erga turtanii booda gara herrega "Shared Foundation" tti kan darbu ta'a. Waggaa 18 yoo tatan isa kana argachuu ni dandeessu.

Labsii walakkaan of danda'uu keessa jiraachaa jirtu yoo ta'e, SCF'n torbanitti gargaarsa jireenyaa sadarkaa Liqii Yuunivarsaalii waliin wal gitu kan kaffalu ta'a.

Maallaqa akka qusannootti akka addaan baastan ni jajjabeeffamtu, kunis kan herrega "Junior ISA" ykn "Child Trust Fund" ykn "Shared Foundation" tti galfamuu danda'udha.

Dargaggoo adabbii murtii ykn hidhaa keessa jirtan yoo taatan, yeroo mana hidhaa keessa jirtan hojii gaarii irratti yoo bobbaatan fakkeenyaaf, leenjii fi barnootaa, torbanitti SCF irraa durgoo £10 kan argattan ta'a.

Barnootaa fi leenjii

Umriin keessan waggaa 16 hanga 19 yoo ta'e baasiwwan barnootaan walqabatee gargaaruuf kolleejjii keessan irraa carraa barnootaa bilisaa(bursary) argachuu ni dandeessu akkasumas:

- Mana barumsaa ykn kolleejjii maallaqaa mootummaan gargaaramu biyya Ingilizii keessatti barachuu - yunivarsiitii miti
- Barnoota leenjii irraa, muuxannoo hojii kaffaltii malee

dabalatee

Carraan barnoota bilisaa maallaqa isin, ykn barnoota ykn leenjii kan isinii laatu, wantoota kanneen gadii kaffaluuf fayyadamuu danda'uudha:

- Uffata, kitaabolee, fi meeshaalee biroo barnoota keessanii

- kaffaltii geejjibaa fi laaqana guyyaa barnootaaykn leenjii

Haalotaa fi faayidaa keessan irratti hundaa'uun kolleejjii keessan irraa carra barnoota bilisaa hanga £1,200 gatii qabu argachuu dandeessu.

Shaampiyoononni Barnootaa keenya dhiyeessii carraa barnoota bilisaa isinii qajeelchuuf gargaaran akkasumas barnoota itti fufiinsa qabuun isin deeggaruuf ni argamu.

Durgoo maallaqa guyyaa dhalootaa

Bakka guddiftuu ykn mana daa'immanii keessa jirtu yoo ta'e, maallaqni guyyaa dhalootaa ykn kennaa keessan kan siif kennamu mana kunuunsituu ykn mana daa'immaniitti.

Labsii walakkaan of danda'uu keessa jirtu yoo ta'e, guyyaa dhaloota keessan waggaa 16ffaa fi 17ffaa irratti £50 argachuuf ulaagaa guutuu qabdu ta'a.

Durgoo uffataa

Guddiftuun ykn manni daa'immanii keessan durgoo uffata isiniif kennuu qabu.

Labsii walakkaan of danda'uu keessan yoo tatatan. Durgoo uffataaf waggaatti walumaa galatti £150 kan argattan ta'a. Kaffaltiin kun qoodamee yeroo gannaa fi bonaa isiniif kaffalama.

Durgoo Kabaja Ayyanaatiif

Umrii 16 irraa eegalee labsii walakkaa of danda'uu keessa yoo jiraattan, ayyaana aadaa filannoo keessanii kabajuuf waggaatti £50 isiniif kennina.

Dhimmoota maallaqaa

• Deeggarsa faaynansii umriin isaanii waggaa 18-25 tiif

Durgoo jireenyaa fi qusannoowwan

Waggaa 18 yeroo guuttan, akkasumas maallaqa murtaa'e yoo hin arganne; Liiqii Yuunivarsaal argachuuf mirga qabaachuu dandeessu.

Slough keessa yoo jiraattan YPA'n keessan guyyaa dhaloota keessan waggaa 18ffaa torban 4 dura iyyata faayidaa dhiyeessuuf isin gargaaru. Slough ala yoo jiraattan, iyyanni faayidaa guyyaa dhaloota keessanii waggaa 18ffaa irratti qofa dhiyaachuu danda'a.

SCF'n yeroo iyyanni Liiqii Yuunversalii keessanii adeemsifamuu fi kaffaltiin isaa eeggattanitti hanga torban 6tti deeggarsa jireenyaa Liiqii yuunversalii waliin wal gitu isin gargaara.

Kaffaltii kana baasii jireenyaa keessanii fi wantoota barbaachisoo ta'an kan akka nyaataa fi kaffaltii dursa kaffaluuf fayyadamuun isin irraa eegama.

Filannoowwan Faayidaa

Akka dargaggoo muuxannoo kunuunsa qabuutti, faayidaawwan baay'een isiniif argaman ni jiru akkasumas filachuuf barbaadu dandeessu.

Gibira hir'isuu mana marii

Manni Marii Slough Borough dargaggoota muuxannoo kunuunsaa qabanii fi umriin isaanii waggaa 18 hanga 25 ta'aniif bakka isaan qabeenya kireeffataa maqaa dhahanitti hir'ina gibira mana marii guutuu kenneera.

Haalota kanneen keessatti, isinii fi YPA'n keessan, hir'ina guutuu akka argattaaniif, dargaggoo muuxannoo kunuunsaa qabu ta'uu keessan Mana marii Slough Borough beeksisuun barbaachisaa dha.

Akkasumas garee gibira mana marii socho'aa kan jirtanii yoo ta'e fi teessoo itti deemtan beeksisuun keessan barbaachisaa dha.

Gareen keenya Kunuunsa Dhiisanii dargaggoota muuxannoo kunuunsa Slough qaban hunda haala kanaan isin yoo borough keessa hin jiraannellee ni deeggaru. Gareen gibira mana marii keenyaa naannoo isin keessa jiraattan waliin hojjechuun isinii hir'ifamuu hojiirra ooluu isaa mirkaneessuuf iyyata guutuu fi mallatteessuu keessan mirkaneeffachuu qabdu.

Liiqii Yuunversaalii Argachuu

Hammi Liiqii Yuunversaalii isin fudhachuu dandeessan

haalota keessan irratti hunda'a akkasumas rakkisaa ta'uu danda'a.

Liiqii Yuunversaliif Kutaa lama of keessa qaba:

Kutaa 1 - durgoo dhuunfaa, inni kun isin hojjataa ykn kolleejjii keessa kan hin jirre yoo ta'e argachuu dandeessaniidha.

Kutaa 2 - Wantoota manaa, of dandesssanii jiraachaa kan jirtan yoo ta'e kiraa keessaniif deeggarsa faaynasii argachuuf iyyachuu ni dandeessu. Hiojii yoo hin qabne, kolleejjii keessa yoo taatan, hojii galii xiqqaa qabu yoo qabaattan ykn bakka jireenyaa deeggarsa qabu keessa yoo jirattan kanaaf iyyachuu ni dandeessu.

Yoo bakka jireenyaa deeggarsa qabu keessa jiraattu ta'e, hojjataa keessan ijoon mana jireenyaa deeggarsa keessatti kira iraa uwwisuuf akka gargaaruuf isin deeggara.

YPA'n keessan gaaffii iyyata liiqii yuunversalii jalqabaa keessan irratti isin gargaara.

Faayidaawwan kaffalamaniif sanadoota eenyummaa fi herrega baankii isin barbaachisa.

Hojjataan Hawaasummaa ykn YPA keessan guyyaa dhaloota waggaa 18ffaa keessan dura iidoo kanneen akka argattan isin gargaaru akkasumas harkifannaan kaffaltii kamiyyuu akka hir'atu wanti hundi akka qophaa'uu guyyaa dhaloota keessan dura Liiqii Yuunversalii akka iyyattu isin deeggaru.

Paaspoortii fi/ykn heyyama konkolaachisummaa keessan jalqabaa eenyummaa adda baasuuf akka argattan isin gargaarra.

Slough Jobcentre Plus Liiqii Yuunversalii akka salphaatti akka argattan ni taasisa; haa ta'u malee, deeggarsa dabalataa akka kennanii fi dhimmoota mudachuu danda'an kamiyyuu sadarkaa jalqabaatti akka furan dargaggoo muuxannoo kunuunsaa qabu ta'uu keessan beeksisuu isin barbaachisa.

Hojii argachuu akka isin deeggaruuf leenjisa hojii keessan waliin Beellama Giddugala Hojii irratti akka argamtan ni gaafatamtu.

Dhimmoota maallaqaa

Beellama kana irratti yoo hin argamne, qoqqobbiin isirra kaa'amuu danda'a, akkasumas maallaqni hundi waliin hir'ifamuu ykn dhaabbachuu ni danda'a.

Biiron Gorsa Lammiilee Marsariitii gargaaruu www.adviceguide.org.uk fi faayidawwan bal'inaan irraa argachuun danda'amu ni qaba.

• **Yoon argachuu hin dandeenye maaltu ta'a?**

Yoo gaafii Liqii Yuunversaalii Argachuu dadhabdan fi/ykn akkas argattan gargaarsa keenya fudhachuu yoo diddan, Gareen keenya Kunuunsa Dhiisan deeggarsa maallaqaa isinii kennuuf waadaa gale ni ilaala.

Gareen Keenya Kunuunsa Dhiisan faayidaa akka argattan deeggaruuf waan dandeenyu akka goone akkasumas deeggarsa maallaqaa kennuudhaaf waadaa itti fufiinsa qabu kamiyyuu xumuruu akka dandeenyu murteessuu danda'u.

Fudhachuuf qoqqobbiin yoo raawwatame, Gareen keenya Kunuunsa Dhiisan karaa giddugala hojiitiin hatattamaan Rakkoo himannaa akka dhiheessitan deeggaruuf waan danda'u hunda ni godha, kiraan keessan akka qaama kaffaltii Liqii Yuunversalii keessaniitti yoo kaffalame, dhimmicha furuuf Giddugala Hojii qunnamuu keessan isin deeggarra.

• **Heyyama Daa'umsaa**

Yoo daa'ima keessan isa jalqabaa eegdan ykn lakkuu qabaattanii, fi Liqii Yuunversallii yoo argattan, Heyyama Da'umsaaf Giddugala Hojiitti iyyachuu dandeessa.

Kunis daa'imni keessan osoo hin dhalatin torban 11 hanga da'umsa booda ji'a sadii tti kan argamu ta'a.

Deeggarsi kun meeshaalee barbaachisoo daa'ima keessaniif gatii £500 qaban bituuf. Wantoonni barbaachisoo ta'an:

- Siree Sharaa
- Wantoota siree
- Uffatawwan
- Gogsituwwanii fi qururrawwan
- Gaarii, Haguuggii roobaa fi ashangulliittiwwan
- Dhagni daa'immanii kan itti dhiqamu
- Jiistu fi pooppoo daa'immanii
- Uffata fincaanii (altokkoo ykn irra deebiin fayyadan)

• **Qusannoowwan**

Waggaa tokko oliif kunuunsa keessa yoo turtan,

herrega qusannoo ni qabaattu akkasumas waggaa 18 yoo darbitan faayyadamuu ni dandeessu.

Odeeffannoo dabalataa gurmoo qusannoowwanii argachuuf marsariitii Share Foundation irraa argachuu ni dandeessu:

<https://www.sharefound.org>

Yeroo dheeraadhaaf kunuunsa keessa yoo turtan, kun maallaqa barbaachisaa waan ta'uuf gara fuuldura akka isin garggaruuf akka fayyadamtan ni gorfamtu.

• **Namoota dargaggoo eegumsa keessa jiran**

Mana sirreessaa keessa yoo jirtan ykn dargaggoo dhaabbata yakkaa keessa turtan faayidaawwan keessan ni dhaabbatu. Mana sirreessaa ykn dhaabbata keessa akka baatan karoorsun yeroo hunda akka gaafatamtan isinii mirkaneessina.

Yeroo eegumsa keessa jirtaniitti, yeroo kanatti wantoota badan ykn miidhamaniif itti gaafatamummaa fudhachuu baannus Wantoota keessan ni olkeenya.

• **Durgoo manaa ykn kennaa kunuunsa dhiisuu sirreessuu**

Ebla 1 bara 2023 irraa eegalee dargaggoota kunuunsa gadhiisan hundaaf kanneen waggaa 18 guutan; yeroo bakka jireenyaa of danda'anii jiraachuuf mirkaneessitan hanga £3000 isiniif ni kennina.

Maallaqni kun wantoota barbaachisoo mana keessan haaraadhaaf bituuf barbaachisaadha.

Meeshaalee kana bitachuun nagahee kaffaltii akka raawwatamuuf kennuu dandeessu ykn meeshaalee keessan toora interneetii irratti ajajuudhaan gargaaruu dandeenya kunis maallaqni sun meeshaalee barbaachisoo mana keessaniif barbaaddan bitachuuf akka oolu gargaara.

Wantoonni barbaachisoo kunnin kan of keessaa qabu:

- Siree fi Firaashii
- Kuusaa uffataa e.g. wadaroo, saanduqa uffataa

Dhimmoota maallaqaa

- Soofaa ykn Teessoo harkee
- Minjaala fi teessoowwan
- Firijii fi bilcheessituu nyaataa
- Jibbaa ykn afaa
- Girdoo
- Siree fi ansoolaawwan
- Ampulli fi haggugii ampulii
- TV
- Qooda nyaataa, mi'a nyaataa, meeshaa qorrisisuu fi jabanaa
- Sibilaa fi gabatee sibilaa
- Haxooftuu, hartuu, kuusaa balfaa fi biruushii, qulqulleessituu vaaykiwumii(yoo jibbaa qabaattan) akkasumas qabduu meeshaa
- Saafaa meeshaa dhiiquu fi Saanii kan gogsu

Waan kamiyyuu bituu keessaniin dura, Hojjetaa Hawaasummaa ykn YPA keessan waliin haasa'uu qabdu akkasumas meeshaa bittan hundumaaf nagahee dhiyeessu isin barbaachisa. SCF bakka keessan bu'ee waliigaltee gaarii akka argattaniif meeshaalee mukaa fi meeshaalee manaa ajajuu ni danda'a.

Akkasumas karaa Mana Marii Slough Borough tumaa walgargaarsa naannoo argachuu fi deeggarsa kana fayyadamuun meeshaalee barbaachisoo kanneen akka firijii, bilcheessituu nyaataa fi siree kaffaluun ni danda'ama.

Karoorri keessan gara bakka jireenyaa of danda'ee Slough ala jirutti deemuu kan dabalatu yoo ta'e, kaffaltii onnachiiftuu nuti kaffalluun, kutaan Mana Jireenyaa Mana Marii gara bakka jireenyaa dhuunfaatti deemuu qindeessuuf gargaaruu ni danda'a. Yeroo Karoora Adeemsa keessan qopheessitan kana irratti Hojjataa Hawaasummaa ykn YPA keessan waliin mari'achuu ni dandeessu.

• *Durgoo maallaqa guyyaa dhalootaa*

Guyyaa dhalootaa keessan 18ffaa fi 21ffaatti durgoo guyyaa dhaloota hangaa £ 100 argachuu ni dandeessu.

Guyyaa dhalootaa keessan 19ffaa fi 20ffaatti durgoo guyyaa dhaloota hangaa £50 argachuu ni dandeessu.

• *Durgoo uffataa*

Yoo umriin keessan waggaa 18 fi 21 gidduu ta'e, fi faayidaa argachaa jirtan ykn galii xiqqaa yoo argattan, waggaatti walumaa galatti £150 deeggarsa uffataaf kan argattan ta'a. Kaffaltiin kun qoodamee yeroo gannaa fi bonaa isiniif kaffalama.

Durgoo uffataa argachuuf, faayidaa ulaagaa guutuu qabu hunda gaafachuu fi tajaajila irratti hirmaachuun isin barbaachisa.

Umriin keessan waggaa 21-25 yoo ta'e, durgoon uffata haala addaa, yeroo rakkina garmalee qofa keessatti kan kaffalamu ta'a.

• *Durgoo Kabaja Ayyanaatiif*

Labsii walakkaan of danda'uu keessa yoo jiraattan, ayyaana aadaa filannoo keessanii kabajuuf waggaatti £50 isiniif kennina.

Kunis warra hanga waggaa 21, EET (Barnoota, hojii fi leenjii) ykn NEET Barnoota Hojii ykn Leenjii hin taane irrattis ni hojjeta.

♦ *WiFi dhan gargaaruu*

Nagahee Liqii Yuunversalii yoo argattan, taarifa hawaasummaa dhiyeessaa broodbaandii gaafachuu dandeessu. Waa'ee taarifa hawaasummaa odeeffannoo dabalataa asitti argachuu ni dandeessu:

<https://www.ofcom.org.uk/phones-telecoms-and-internet/advice-for-consumers/costs-and-billing/social-tariffs>

Barnootaa fi leenjii keessa yoo jirtan, baasii WiFi ji'atti hanga £20 isin gargaarra.

♦ *Haalota adda ta'an*

Namni kamiyyuu haala dhuunfaa fi addaa qabaachuu akka danda'u ni hubanna. Yeroo hunda haala rakkisaa ta'e keessatti deeggarsa maallaqaa isiniif ni ilaalla.

Mana keessan

Eessa jiraachuuf jirtu?

Murtoowwan barbaachisoo akka dargaggoo muuxannoo kunuunsaa qabuutti isin waliin walii galuu qabnu keessaa tokko bakka isin jiraachuuf jirtaniidha.

Eessallee yoo jiraattan, fedhii keessaniif bakka mijatuu fi isiniif ta’u akka argannu dursinee karoofachuun keenya baay’ee barbaachisaadha.

Hojjataan Hawaasummaa ykn YPA keessan kana irratti, filannoowwan isiniif jiran keessatti hojjechuu fi yeroo sanatti waan isiniif gaarii ta’e akka murteessitan isin gargaaruf ni argamu. Karoorri bakka jireenyaa keessanii hundi Karoora Adeemsa keessanii keessatti hammatamuu fi gamaaggama keessan irratti waliigalamuu qaba.

Of dandeessanii jiraachuun karoora baay’ee kan barbaaduu fi meeshaaleen isin barbaachisan baay’eedha.

YPA n keessan meeshaalee barbaachisoo mana haaraa keessan keessa seenuuf isin barbaachisan akka yaaddan isin gargaaruu danda’a. Torbaan jalqabaa mana jijjirtan keessatti gufuwwan sochoo’an meeshaalee bu’uuraa isin barbaachisan isinii dhiheessina.

Waggaa 16 fi 17 keessa warra jiraniif filannoowwan kaffaltii jireenyaa

Umuriin keessan waggaa 16 ykn 17 yeroo taatan bakka guddiftuu ykn kunuunsa mana jireenyaa irraa akka deemtan kan isin irraa eegamu ykn dhiibbaan isinirra ga’u hin jiru.

Sadarkaa kanatti, Filannoowwan kaffaltii jireenyaa armaan gadii ni qabdu:

- Maatii keessanii
- kunuunsa guddistu
- Kunuunsa bakka jireenyaa
- Maallaqni jireenyaa deeggamu (tarii mana waliinii ykn mana jireenyaa, bakka kutaa mataa keessanii qabdan garuu dargaggoota biroo waliin wantoota muraasa qooddattanii fi Qoondala Deeggarsa Mana Jireenyaa irraa deeggarsa argattan
- Kaffaltii ogeessa addaa (fkn. Mana barumsa iddoo jireenayaa)

Waggaa 16 fi 18 keessa warra jiraniif filannoowwan kaffaltii jireenyaa

Umriin keessan yeroo waggaa 18 ta’u eessa akka jiraattan karoorsuu fi kanaaf qophaa’uuf isini fi kunuunsitoota keessan waliin akka hojjannu mirkaneessuun barbaachisaa dha.

Filannoowwan kaffaltii jireenya keessan kan qabatu:

- Bakka turuu (bakka guddiftuu jirtu yoo ta’ee fi erga waggaa 18 guuttanii booda achi turuu yoo barbaaddan, hanga isinii fi guddiftuu keessan lamaanuu walii galtanitti, akkasumas barnoota, hojii ykn leenjii irratti bobba’aa jirtu yoo ta’e, sana booda achi akka turtan isin deeggarra)
- Bakka jireenyaa walakkaa of danda’uu (tarii mana waliinii ykn mana jireenyaa, bakka kutaa mataa keessanii qabdan garuu dargaggoo biroo waliin wantoota muraasa kan qooddattanii fi qoondala

deeggarsa mana jireenyaa irraa

ni deeggarsa argattu)

- Bakka jireenyaa ogeessaa - Dhaabbanni Fooyya'iinsa Manaa gargaarsaa fi madaqsuu bakka jireenyaa bakka maatiin fedhii qaama miidhamummaa qabutti qindeessuun ni danda'a
- Maatii keessan
- Bakka jireenyaa of danda'e (fkn. Gamoo mana marii ykn kan dhuunfaa kireeffame) - kun SCF irraa waliigaltee dabalataa kan barbaadu yoo ta'u kunis dursee kuufama fi kiraa gargaaruuf yoo waliigaltee irra ga'ame, deeggarsa manaa dhaabuu keessan irraa kan dhufu ta'a.

Manni Marii Slough Borough warra kunuunsa dhiisaniif qophaa'an mana jireenyaa irratti filannoo dabalataa kenna. SCF erga waggaa 16 guuttanii booda galmee mana jireenyaa irratti akka dabalamtu ni mirkaneessa, hawwii yeroo umriin keessan waggaa 18 guuttan, akkasumas yoo kiraa of danda'e bulchuuf qophii taatan, bakki jireenyaa of danda'e sirriin isiniif kennama.

Akka dargaggeessa muuxannoo kunuunsaa qabuutti, hanga waggaa 25 tti gibira mana marii kaffaluu irraa bilisa taatu.

Hojjechaa jirtu yoo ta'e, galii hangamii akka argattan irratti hundaa'uun kiraa manaa keessan hunda ykn muraasa kaffaluun isin barbaachisa. Maallaqa guddaa yoo hin arganne ta'e, Hojjetaan Hawaasummaa ykn YPA'n keessan kiraa manaa keessan gargaaruuf Liiqii Yuunversaalii akka iyyattan isin gargaaru danda'a.

Kiraa manaa keessan kaffaluu yoo rakkachaa jirtu ta'e Hojjetaa Hawaasummaa, YPA ykn qondaala mana jireenyaa keessan waliin mana keessan keessa turuuf akka isin gargaaraniif waliin dubbachuun barbaachisaa dha.

Ofiin jiraachuuf murteessuun tarkaanfii guddaa, fi kaffaltii kaffaluu fi nyaata ofii bilcheessuu qofa miti; akkasumas fayyaa ta'anii ollaa keessan waliin jiraachuudha.

[Tajaajilli Mana Marii Dargaggoo Slough Borough](#) dandeettiiwwan isin barachuu barbaaddan mana jireenya fi of danda'anii jiraachuu galmaan gahuuf isin waliin ni hojjatu. Tajaajilli Ollaa Mana Marii Slough Borough akkasumas karaa qondaltoota itti fufiinsa kiraa isaaniitiin kiraa mana marii kamiyyuu qabachuu dandeessan bulchuu akka dandeessan mirkaneessuuf gorsa ni kenna.

Yeroon Kiraa mana marii keessan akkamitti haaromfama?

Qabeenya Mana Marii Slough Borough irraa yoo isiniif dhihaate kennaa qabeenya tokkoo qofa argattu. Kiraa ji'a 12 seensa irraa ni jalqabda.

Ji'oota 12 keessatti kiraa manaa keessan akka haala gaariin qaba akka jirtan mirkaneessuuf ji'a 3 tti altokko qondaalli mana jireenyaa isin daawwata. Ji'a 12 booda kiraan keessan ni ilaalamuun, kiraa haaraan ni kaa'ama.

Yeroon kiraa karaa waldaalee mana jireenyaa naannootiin kennamu jira. Kun kan ta'u yeroo Manni Marii Slough Borough qabeenya dhiyeessuu hin qabnedha. Seerri kiraa manaa akka armaan oliitti yoo wal hin fakkaannes, tokko ta'a.

Yeroo kiraa mallatteessitan, qondaalli mana jireenyaa keessan waan keessa jiru hunda keessa darbee maal akka ta'e akka isin mallatteessitu hubachuu keessan mirkaneessa. YPA keessan yeroo hunda

Mana keessan

waliigalteen kiraa keessanii iddoo mallatteffamuutti ni argamu.

Waliigalteen kiraa yoo cabe manni marii waliigalte kiraa baasuu fi qabeenya sana deebisee fudhachuuf mirga qaba.

